

# Paid Sick and Safe Time Ordinance

Kaffaltii yeroo si dhukkubuu fi yeroo nagayaa seera qabsiisuu (PSST, Seattle’s Paid Sick and Safe Time Ordinance) hojjechiiftonni Hojjattootaaf Yeroo isaan dhukkubuu fi yeroo nagayaa akka kaffalaniif gaafata. Yeroo hojjettoonni sababa dhukkubsataniin, Baallama Mana Yaalaa ykn Rakkoo nageenyaa hammaateef hujii irraa yoo hafan PSST fayyadamuu ni danda’u.

## HOJJACHIIFTONNI HOJJATTOOTA AF PAID SICK AND SAFE TIME KENNUUFII QABU

Hojjettoonni PSST kan walitti qabachuu danda’an:

- Yoo Eegumsa Mataa isaanii ykn maatii isaanii rakkoo qaamaa ykn sammuu tiif hafan, baallamma Doktoraa waliin qabatanis dabalatee.
- Tajaajila ofii isaaniitiif ykn maatii isaaniitiif ykn nama mana tokko wajji galaniif sababa jeequmsaa, Dirqiin gudeedamuu ykn sodaa namni dhoksaan isaan hordofaa jiraniif yoo hafan.
- Bakki daldala isaanii ykn manni barnootaa ykn bakki eegduu daa’ima isaanii ajaja mootummaatiin sababa fayyaan wal qabateen yoo cufame.



SEERRI KUN HOJJACHIIFTOTA YOO XIQQAATE HOJJATAA TOKKO KAN SEATTLE KEESSA HOJJATTOOTAA JIRU QABU ILAALLATA

HOJJATTOONNI SA’AA GUUTUU, SA’AA MURAASA, YKN YEROOF HOJJATAN MARTI BU’AA KANA ARGATUUF MIRGA QABAN.

## HAMMA HOJJACHIIFTOTAA

Hojjattoota sa’aa guutuun wal qixxaataniif (HSGWQ)

### SADARRII PSST

SA’AALEEN PSST HOJJATTE KEESSAA

PSST HIN FAYYADAMIN KAN BARA DHUFUTTI DARBU

hamma 49 FTEs	50–249 FTEs	250+ FTEs
Sa’aa 40 irratti Sa’aa 1	Sa’aa 40 irratti sa’aa 1	Sa’aa 30 irratti sa’aa 1
Sa’aa 40	Sa’aa 56	Sa’aa 72 Hojjachiiftota PTO waliin Sa’aa 108

### EENYUUF KAFFALAMA?

Seerri keenya hojjattoota magaalaa Seattle keessa hojjataa jiran haala godaansaa ykn iddoo hojjataa gargar baasuun maletti kaffalaaf.

Haalli kee sakatta’iinsaaf ulaagaa keenya kan hin guunne yoo ta’e, gargaarsaaf gama waajjira biraa si dabarsina.

### HALOO BAHUU

Hojjechisiisaa kanneen armaan gadiif Hojjataa irraa haloo bahuu hin danda’u:

- Seerota kana jalatti mirga isaanii mirkaneessuudhaa.
- OLS waliin himannaa banuu.
- Namootaaf mirga isaan qaban himuufii

### TAJAJILA KEENYA

- Sakatta’iinsa Himattootaa
  - Hojjattoota qunnamuu
  - Ogummaa Teknikaatiin daldalaaf dhiheessuu
  - Maddaa fi dhimma laallatutti dabarsuu.
- Hiikkaa Afaanii, Turjumaana fi dahoon ni arkama. Tajaajilli hundi bilisa.

## WAAJJIRA SADARKAA HOJJATTOOTAA

Kaayyoon OLS karaa hubannoo hawaasaatii fi daldala keessa seenuudhaan sadarkaa hojjattootaa, Caaseffama hujitti hiikuu fi kalaqa guddina seeraa, shanyii fi haqa hawaasaarratti cichuudhaan dagaagsuudha.



## ODEEFFANNOO DABALATAA

(206) 256-5297

laborstandards@seattle.gov  
seattle.gov/laborstandards